Wangeela labsuu

Inni amma iyyuu humna qabeessa amma ammaatti illee ergaa gammachiisaadha!

Hiiki jecha “wangeela” jedhu akkuma jechoota kan biraa, yeroo keessatti geggeeddarameera. Jalqaba irratti baadhaasa oduu gammachiisaadhaaf kennamu ture. Booda irratti mataahduma isaa oduu gammachiisa gara jedhutti dhufe. Har’a, sammuu namoota heedduu keessatti, wangeelli muziqaa maddi isaa kan Ameriikaanotaa kallattiin adda kan ta’e kan amantii waan agarsiisu fakkaata.

Barreessitoonni Kakuu Haaraa yeroo tokko tokko eeffannoo nama jajjaabeessan tokko tokko agarsiisuudhaaf odjecha Wangeela jedhutti gargaaramu (1 Tesalonqee 3:6) garuu akkuma beekamu seenaa keessatti kan dhugaa ta’e fi hiika dhaamsa Kiristaanotaa wajjin walqabatee itti gargaaramameera. Jechi “wangeela” jedhu Kakuu Haaraa keessatti si’a 100 kan ta’u itti gargaaramameera, keessumattu ergamaa Phaawloosiin. Maatwoos, Maarqoo fi Luuqaas alii alii itti gargaaramaniiru. Kan nama ajaayibu ergamaan Yohaannis wangeela isaa keessattis ergaa isaa 3dan keessattis itti hin gargaaramane. Pexroos fedhii Waaqayyo namoonni kan dhaga’uun isaa irra jiraatu akka ta’e “dhaga’anii haa amananiif” jechuudhaan ifa taasiseera (Hojii Ergamootaa 15:7), karaa jecha gara biraatiin,dhaga’uudhaan hubachuudhaan fudhachuudhaanis, “akka isaaf abboomaaman isaan irraa eega” (1 Pheexros 4:17). Inni kun ta’uu isaatiif, Pheexros humna “Hafuura Qulqulluu isa waaqa irraa ergameen” (1 Pheexros 1:12) akka lallabamuun irra jiru ni amana.

Ergamaan Phaawloos barsiisaa kennaa qabuu fi kan waldaa Kiristaanaa dhaabu ture, amma ille inni kan inni hojjete fundumaadhaaf iddoo giddu galeessaa ture. Inni ofii isaa “wangeela Waaqayyootiif adda akka baafametti” ofii isaa lakaa’a”(Roomaa 1:1), hojiin innni hojjetus “ayyaana Waaqayyoof dhugaa ba’uu” akka ta’etti ofii isaa agarsiisa (Hojii Ergamoota 20:24). “Kiristos Yesus” Phaawloos ifa taasisa, “inni humna du’aa cabsee, jireenya, badiisa ooluus kara wangeelaa ifatti baase” (2 Ximootewoos 1:10). Ergamaan cimaan kun wangeelli Waaqayyoo dhugaadhumatti “ergaa gammachiisaa” ta’uu isaatti amaneereera. Baay’ee itti dhaga’amee akkas jechuun barreessa: “Ani wangeelatti hin leey’au inni humna Waaqayyoo isa warra amantii qaban hundumaa…fayyisuudha” (Roomaa 1:16).

Gammachuudhaa fi dinqifannaadhaan Phaawloos waanta ilaalee agarsiisa: “Kana gochuun keessanis sababii abdii waaqa irra isiniif kaa’amee jiruuf; waa’ee abdii kanaa duraan dursanii wangeela isa dhugaa irraa dhageessaniittu” (Qolosaayis 1:5-6). Wangeela baachuun fi labsuun ulfina fi carraa gaarii akka ta’etti fudhateera. Nu woo?

Wangeelli Waaqayyoo hin jijjiiramu, inni amma illee ergaa gammachiisaadha. Waaqayyo amma iyyuu jireenya haaraa fi badiisa ooluuu karaa wangeelaa ni fida. Waaqayyo amma iyyuu akkuma ergaa wangeelaa dhaga’niitti garaa namaa keessatti humnaan ni hojjeta. Waaqayyo amma illee wangeela kana gara namoota kaaniitti dabarsuudhaaf kiristaanota nagaa ta’an kan hojjechuuf qophaa’oo ta’an kan akka koo fi keetti gargaarama. Hojii adda ta’e kanatti hirmaachuun akka carraa fi hulfina qabeessatti sitti ni dhaga’amaa? Yeroo dhiyeenya asi ergaa gammachiisaa kan Waaqayyoo kana nama kaantti himuudhaaf carraa argattee turtee? Meeshaa,een kan akka raadioo, televiziyoonaa, vidi’oo, weebsaayitii fi barreeffamoonni tokko tokko hojii keenya kana irratti nu gargaaruu danda’u. Garuu, walii keenyaan walitti himuu kan bakka bu’u humti tokko iyyuu hin jiru. “Wangeela kiristoosiif akka ta’utti jiraannaan” jireenyi keenya namoota kan biraati ni dubbata (Philiphisiiyus 1:27). Hafuurri Qulqulluun karaa kee hojjechuudhaaf fedhii qaba. mee ofii keenya kanaaf haaqopheessinu. Akkaataan jireenya keenyaa fi jechoonni keenya wangeela namoota kaan qaqqabsiisuudhaaf amma illee meeshaa ijoo fi kan baay’ee bu’a qabeessa ta’aniidha.

Philip Nunn
Fulbaana 2009
Eindhoven, NL

Madda: www.philipnunn.com

Translator: Samnas Berhanu
Ethiopia: Afaan Oromo